

Shaakala Gaarii Haguuggaa COVID-19

Yeroo haguuggoota bittan, uffattan, baafattanii fi irra deebiin itti fayyadamtan kana godhaa.

ManKusaalee baayee fi daldalootni haguuggoota fuulaa kan uffataa gurguraa jiru. Daldalaa xiqqoo irra kanneen bituf tilmaama keessa galchaa. Haguuggoota wal'aansaa namoota hojjetoota kunuunsa fayyaa dhaaf dhiisaa.

Yoo haguuggoota mana keessatii olchaa jirtan, alatti ba'uu hambisuuf sarara irraan meshaalee bituu tilmaama keessa galchaa.

Haguuggaa keessan jirbii dhibbeentaa 100 sirriitti hodhamen dhachaa lamaa irra toolfadhaa.

Haguuggaa keessan uffachuu dura, harka keessan bishaanii fi saamunaa tiin dhiqadhaa ykn saanitaayizarii harkaa kan alkoolii of keessaa qabu fayyadamaa.

Haguuggaan keessan naannawaa afaanii fi funyaan keessan walitti maxxanuun itti ta'uu qaba.

Yoo haguuggaan keessan shiboo sibiilaa qabaate, buusaa kan funyaan keessaniif akka itti ta'utti sirreess sirreessaa

Yeroo haguuggaa uffattanitti harkaan tuttuquu irraa of qusadhaa.

Yoo haguuggaa keessan tuqtan, harka keessan dhiqadhaa ykn saanitaayizarii harkaa kan alkoolii of keessaa qabu fayyadamaa.

Yeroo haguuggaa keessan of irraa baafattan, fuullee isaa hin tuqinaa. Marsaawwan naannawaa gurroota keessanii kan marsame fayyadamuun haguuggaa keessan baafadha. Haguuggaa keessan erga baafattan booda, ariitiidhaan harka keessan dhiqadhaa ykn saanitaayizarii harkaa kan alkoolii of keessaa qabu fayyadamaa.

Fayyadama hunda booda, haguuggoota lamuu kan itti hin fayyadamne gataa ykn haguuggoota irra deebiin itti fayyadamtan ammo miicaa.. Qajeelfama haguuggaa keessan wajjin dhufan hordofaa.

Fayyadama itti aanuun duratti haguuggaan keessan guuttummaatti akka gogu taasisaa. Haguuggaa jiidhaa ta'e hin uffatiinaa.

Kanaaf, yaadadhaa, haguugaan koo isin eega akkasumas haguuggaan keessan ana eega.

Waa'ee COVID-19 irratti odeeffannoo caalmaatti hammayyooome argachuuf 'health.mn.gov' daawwadhaa.

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975 St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

05/26/20
COVID-19 Mask Do's and Don'ts (Oromo)
To obtain this information in a different format, call: 651-201-4989